# Bishaan hubboo /gaawwaa lama yoo ga'e najisa/xurii hin baatu (hin Najisaahu)

Abdullaah bin Umar irraa odeeffame, Rabbiin isaan lamaan irraa haa jaallatu, akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- waa’ee bishaan bineensonnii fi beyladoonni itti deddeebi'anii irraa ni gaafataman, isaanis, nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu, akkas jedhan: «Bishaan hubboo /gaawwaa lama yoo ga'e najisa/xurii hin baatu (hin Najisaahu)».
[sirrii]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- waa’ee murtii bishaan beyladoonni fi bineensonni dhuguuf itti deddeebi’anii fi kan kana fakkaatan irraa gaafatamanii, Akkas jedhan -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu-: Yoo hammi bishaanii gaawwaa gurguddaa lama gahe, kunis: (210) liitira waliin wal qixa, bishaan guddaa waan ta'eef hin najisu, ykn hin xuraa'u, Amaloota isaa sadan: halluu isaa ykn dhandhamaa isaa ykn foolii isaa keessaa tokko waan najisaatin yoo jijjiirame malee.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee